Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

DEVELOPMENTAL DISABILITIES ADMINISTRATION

Beeksistuu Yeroo Xumuramuu Ulaagaa Miseensummaa Kan Umrii Kudhanii(10)

Notification of Age Ten (10) Eligibility Expiration

GUYYAA:

MAQAAFI TEESSOO MAAMILAA

MAQAA FI TEESSOO BAKKA BU'AA MAAMILAA

IRRA DEEBII: BEEKSISTUU YEROO XUMURAMUU ULAAGAA MISEENSUMMAA KAN UMRII KUDHANII(10)

Yeroo kanatti daa'imni keessan maamila Bulchiinsa Guddina Qaama Miidhamtootaa(DDA)ti. Yeroon turtii ulaagaa miseensummaa daa'imni keessan DDA keessatti qabu, guyyaa dhaloota isaa/ishee isa kurnaffaa irratti raawwata. Daa'imni keessan ulaagaa miseensa DDA guutee itti fufuuf, osoo daa'imni keessan waggaa kudhan hindarbin irra deebiin iyyata galchuu qabdu. Daa'imni keessan haalota armaan gadii keessaa tokko jalatti ulaagaa guutuun isaa irra deebiin mirkaneeffamuu qaba.

Rakkoo Xinsammuu, Miidhama Kutaa Sammuu Gochoota Fedhiin alaa to'atu, Eepileepsii, Ootizimii, Rakkoo Niwuroonii kan biroo yookaan Rakkoo xinsammuu wajjin kan walfakkaatu.

Wantoota irra deebiin mirkanneessuuf sin gargaaran sin hubachiisuuf *Gabatee Barruuwwan Barbaachisootti qabsiisneerra*.

Akkamitti Irra deebiin Iyyata Galchu?

Uunka iyyata irra deebii gaafachuuf, yoo xiqqaate guyyaan dhaloota daa'ima keessanii inni kurnaffaan osoo hin gahin guyyoota 90 dursuun, DDA'tti hojjetaa kutaa Fudhannaafi Ulaagaa Miseensummaa quunnamaa. Kanas lakkoofsa bilbilaa armaan gaditti tarreeffaman irratti bilbiluu yookaan barreeffamaan erguu dandeessu. Uunki iyyattaa karaa iimeelii siniif ergama. Akkasumas dookimentii iyyataa toora interneetii kanneen daawwachuun argachuu dandeessu https://www.dshs.wa.gov/dda/consumers-and-families/eligibility.

Yoon Irra deebiin Iyyata galchuu Dhiise Maaltu ta'a?

Yoo irra deebiin uunka iyyataa gaafachuu baattan yookaan guyyaa dhaloota daa'ima keessanii isa kurnaffaa dursitanii yoo xiqqaate guyyoota 60 keessatti iyyata deebisuu yoo hanqattan, yeroon turtii ulaagaa miseensummaa DDA daa'ima keessanii guyyaa dhaloota isaa/ishee isa kurnaffaa irratti raawwata. Daa'imni keessan tajaajila DDA'dhaan kaffalamu fayyadama yoo ta'e, tajaajilichis guyyaa dhaloota isaa/ishee isa kurnaffaa irratti xumurama.

Turtiin ulaagaa miseensummaa DDA keessan xumuramuun, hirmaannaa isaan Sagantaalee Barnoota Addaa keessatti qabaatan irratti dhiibbaa hinqabaatu, akkasumas tajaajiloota DSHS biroo duraan fayyadamaa turtan kanneen akka Medicaid, TANF, yookaan (SSI) tajaajiloota nyaataa irratti dhiibbaa hinqabaatu.

Maaloo hamma siniif danda'ametti, guyyaa dhaloota daa'ima keessanii isa kurnaffaa dursuun, yoo xiqqaate guyyoota 90 keessatti deebii nuuf kennuu yaalaa. Yeroo jedhame keessatti deebii kan nuuf hin kennine yoo ta'e, ulaagicha (DDA) itti fufuuf fedhii akka hinqabnetti fudhanna. Waayee ulaagaa miseensummaa umurii 10 ragaa barreeffamaa sirrii ta'een alatti, ulaagaan miseensummaa DDA fi tajaajiloota DDA kan biroo daa'imni keessan fayyadamu guyyaa dhaloota isaa/ishee isa (10ffaa) irratti xumurama.

Uunka irratti gaaffilee yoo qabaattan yookaan gaafachuu yoo barbaaddan, maaloo nu quunnamaa:

MAQAA	LAKKOOFSA BILBILAA	TEESSOO IMEELII

Garagalcha seerota kenniinsa ulaagaa miseensummaa kan naannoo (WAC 388-823) gaaffachuun yookaan toora interneetii kana irratti argachuu dandeessu https://www.dshs.wa.gov/dda/consumers-and-families/eligibility.

Gaggeessituuwwan: Gabatee Barruuwwan Barbaachisoo

Cc: Faayila Maamilaa
Bakka bu'aa Seera Qabeessa

Gabatee Barruuwwan Barbaachisoo

HAALA HIR'INA QAAMAA	UMRII	YAALII	NAMA YAALII KENNU	GALMEEWWAN BIROO
Rakkoo Xinsammuu	Umrii waggaa 4 fi isaa ol	Rakkoo Xinsammuu	Ogeessi Xinsammuu Mirkanaa'aa, Ogeessa xinsammuu Mana Barumsaa Waashingtaniin mirkanaa'e, yookaan ogeesssa xinsammuu gamtaa dhaabbilee ogeessota xinsammuu Biyyoolesssaatiin mirkanaa'e	Gabaasni guutuun xinsammuu galmee gulantaa IQ guutuu (Standard Deviation) lamaa ol kan giddu galeessaa gadiifi galmee qorumsa dandeettii (SD) lamaa olii kan giddu galeessaa gadiitti dabalataan kanneen ji'oota 36 darban keessatti xumuraman.
Miidhama Kutaa Sammuu Gochoota Fedhiin alaa to'atu	Umrii waggaa 4 fi isaa ol	Miidhama Kutaa Sammuu Gochoota Fedhiin alaa to'atu Sochii diduu lafeewwan mormaa gadii Sochii diduu gartokkee yookaan guutummaa kutaa qaamaa Sochii diduu kutaalee qaamaa walitti galoo	Ogeessa fayyaa mirkanaa'aa	Gargaarsa umurii waggaa (3) duraa fi gargaarsa qaamaa kallattiin argachuuf odeeffannoo guyyaa guyyaan gargaaran haalota lamaafi isaa ol keessatti(mana fincaaniitti, bakka dhiqannaatti, gargaarsa soorataa, uffannaa, sochii ykn wajjin haasa'uu)
Eepileepsii	Umrii waggaa 4 fi isaa ol	Eepileepsii yookaan Rakkoo Surura Maashaalee	Ogeessa Niwurooloojii Boordiidhaan mirkanaa'e	Yaaliin odeeffannoo fayyaa duraanii irratti hundaa'uufi qorannoo niwurooloogii, mirkanneessa ogeessa fayyaa yookaan ogeessa niwurooloogii irraa surura to'annoon alaa kan irra deddeebiin raawwatu akkasumas qorannoo dandeettii
Ootizimii (irra DSM-IV-TR)	Umrii waggaa 4 fi isaa ol	Ootizimii fi Rakkoo Ootizimii DSM-IV-TR keessatti irra 299.00	Ogeessi xinsammuu mirkanaa'aa, ogeessi fayyaa mirkanaa'aa yookaan ARNP giddu gala ootizimii, yookaan giddu gala qulqullinaan walqabate, yookaan Boordiin kan raggaassifame: Ogeessa Niwurooloojii, ogeessa xinsammuu, Ogeessa haala Guddinaafi Amaloota Daa'immanii	Madaallii guutuu tokkoon tokkoo DSM-IV-TR kanneen ulaagaa yaalii guutan, ragaa hawaasummaa, kan afaanii, kan dandeettiiwwan dubbii yookaan tapha iddu bu'eedhaan ykn yaadfakkiidhaan taphatamuufi kannee qorumsi dandeettii isaanii sosochii keessatti (SD) lamaa oliifi giddu galeessaaa gadii keessatti hanqina qabaachuu isaanii agarsiisufaa keessatti duubatti harkifachuu yookaan akka barbaadametti hojjechuu dhabuu daa'imman umurii (5)n duraa
Rakkoo Yaa'insa Ootizimii (irra DSM-5)	Umrii waggaa 4 fi isaa ol	Rakkoo Yaa'insa Ootizimii 299.00 Irra DSM-5	Ogeessi xinsammuu mirkanaa'aa, ogeessi fayyaa mirkanaa'aa yookaan ARNP giddu gala ootizimii, yookaan giddu gala qulqullinaan walqabate, yookaan Boordiin kan raggaassifame: Ogeessa Niwurooloojii, ogeessa xinsammuu, Ogeessa haala Guddinaafi Amaloota Daa'immanii	Madaallii guutuu tokkoon tokkoo DSM-V kanneen ulaagaa yaalii guutan, ragaa hawaasummaa, kan afaanii, kan dandeettiiwwan dubbii yookaan tapha iddu bu'eedhaan ykn yaadfakkiidhaan taphatamuufi kannee qorumsi dandeettii isaanii sosochii keessatti (SD) lamaa oliifi giddu galeessaaa gadii akkasumas FSIQ (SD) tokkoofi isaa olii kanneen giddu galeessaa gadii keessatti hanqina qabaachuu isaanii agarsiisufaa keessatti duubatti harkifachuu yookaan akka barbaadametti hojjechuu dhabuu daa'imman umurii (5)n duraa
Rakkoo Niwurooloojii biroo, yookaan Haalota biroo Rakkoo Xinsammuu wajjin walfakkaatan	Umrii waggaa 4 fi isaa ol	Rakkoo Niwurooloojii yookaan kan Kiromosoomii kan xinsammuufi dandeettiiwwan biroo irratti rakkoo geessisuun sababa ta'uun isaanii beekame.	Ogeessa fayyaa mirkanaa'aa	Galmee Gulantaa IQ guutuu kanneen (SD) 1.5 olii akkasumas giddu galeessaa gadiifi kanneen qorumsi dandeettii isaanii hanqina hojii (SD) lamaa oliifi giddu galeessaa gadii ji'oota 36 darban keessatti xumuraman.
Hubachiisa: Uunki kun gajeelcha waliigalaa qofa akkasumas DDA'n odeeffannoo ykn madaalliiwwan dabalataa barbaaduu mala. Barruun kun ulaagaa miseensummaa murteessuu keessatti tarkaanfii jalqabaati. Ulaagaan miseensummaa DDA akka WAC Boqonnaa 388-823 keessatti ibsametti murtaa'a.				